# Luqqaas

Afaan Oromoo | Decodable



Kutaa 1

# Luqqaas

Afaan Oromoo | Kutaa 1



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen Dhabbata 'Save the Children' fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Luqqaas lagaa caffee haamee fidee dhufe.

Caffee haames cimsee walitti hidhee baate deema.




Luqqaas caffee hidhee baatee fide hiike.


Akkuma mana gaheen caffee mana keessa firfirse.



Luqqaas cafee mana keessa firfirse hare.
Sana booda mana bishaaniin dhiqee qulqulleesse.



Luqqaas uffata adii harkaan baaqqessaa jira.
Uffanni inni baaqqesses kuula bareedaa qaba.



Luqqaas uffata baaqqesse ofuma isaatiin uffate.
Uffata adii sirriitti miidhagee uffatee dhaabate.



Luqqaas uffata baaqqesse uffatee waltajjii gaggeessaa jira.

Hirmaattota waltajjichaafis ibsa gabaabaa kennaa jira.



Luqqaas uffata adii uffate fuuldura namootaatti diriirse. Namoonnis uffata gaarii ta’uusaa ragaa bahaniif.



Luqqaas muujjaa balbalaa qarmammee irraa buqqise. Balballi manaas daran qulqullaa'ee bareede.